

WALDHAANSA DURAA MIDHAA GUBBACHUU DHAAN GAHEE

**Kitaaba haarkaa hojattota fayyaa
Sadarkaa haawasatti hojataniif**



Asxaa kee asitti dabalii

GUBACHUUN MAALII DHA?

Gubachuun walumaagalatti midhaa gogaa nama tokko irrattii sababa ho'aan, elektiriikiidhaan ykn kemiikaalootaan gahuu dha. midhaan Gubbachuudhan dhuufuu **salphaa fi mana keesattii kan yaalamu danada'an** irraa kaasee hanga **baayye cimaa ta'anni** fi gara hospitaalaattii demuudhaan **kanwaldhaansa haatatamaa barbaadanitti** addaa adduuma ni qaba, akasumas yoo baayyee cimaa fi haamaa ta'ee immo hanga du'aatti kan demman ni jiru.

Akka hojjataa fayyaa haawaasaatti, gubbachuu salphaa fi cimaa ta'an adda baasun oggummaa baayyee fayaduu dha. Kana yoo ta'ee midhaan guubachuudhaan gahee kan mana yaalaa keessan keessattii yaalamuu danada'amu, ykn kan baayyee cimaa ta'ee fi kan hospitaalaattii yaalamuu kan qabu ta'uu isaa adda baafachuu ni dandddessa.

Barruu kana keessattii, namnii midhaa gubbachuun irra gahee tokko yemmu isiin mudatuu mallattoowwan baayyee barbaachisaaa ta'an akka adda baafatan ni ilaalaa, kunis waldhaansa barbaachisaa ta'ee akka karoofattan, fi dhukuubsataan akka gara hospitaalaatti demuu ykn demuu hin qabaannee adda akka baafatanif dha.

dhukuubsataa midhaan gubachun irra gahee yemmu isiin mudatuu wantii duraa qorachuu qabdan **essatti** akka waldhaanamun isaa barbaachisuu dha.



- Mannitii waldhaanamuu danada'a?
- Mana yaalaattii waldhanamuu danda'a?
- Waldhaansaaf gara tajaajila waldhaansa olaanaattii ergamu qaba?

Gaaffiiwan kannin debisuudhaaf **sababaonni** gargaaruu danada'an baayeetuu jiru, garuu wanttoottin baayyee barbaachisoo ta'an kan armaan gaddiittii jiran dha:





- Baldhinaa bakka/qaama gubate
- Akaakuu midhaa guubachuudhaan gahee
- Kuutaa qaamaa gubachuudhaan midhaan irra gahee


Kitaabnii xiqqaan Kun dhukuubsataa kanaaf waldhaansa kennudhaf garaagruummawwan **sababootaa karoora waldhaansichaa akkamiitii akka dhibaa irra gesisuu ni ibsiti.**


Sababbonni midhaa GUBACHUUDHAAN


Sababbonni midhaa gubachuudhaan gahan shan jiru:

 **Ibiddaan gubachu:** kuniinis kan dabalatan gubachuu ibidaan gahan, fkn. Ibidda mukaa, ibidda gaazii, richiitii fi rokeettii ayyanaaf dhukkafaman fi ibidda mana keesattiii akka balaatti gahu.

 **Gubachuu wantoota dhangala'oo ho'aa tanaiin gahu:** kuninis kan dabalatuu dhangala'oo ho'aa kan ta'anin fkn. Bishaan danfee, shaayii, buna, anan, fi shorbaa fa'a dha.

 **Fuula wantoota ho'aa ta'an:** kuninis kan dabalatu wantoota ho'aa ta'an tuquudhaan, fkn. Meeshaalee ykn sibiloota mana nyaanni itti bilheefammu keesattii argaman faa'a dha.

 **Elektirikiidhaan gubachuu:** kunis kan dabalatuu elektiriidhaan gubachu fkn. Fo'aa elektiriikii kan volteejii olaanaa qabu, bakkeewan elektirikkin gara alaattii isaan irraa bahuu fi bakakkaa fa'a dha.

 **keemikaalaan gubachuu:** kunin yemmuu keemikaalli cimaan googaa irrattii yemmu dhanagalaa'uu gahuu dha. Fkn. Wantoota mana fincaanii qulquullesuudhaaf, ilbisoota baallesudhaaf fayyadan, fi keemikaalota baatrii keesattii argaman; midhaan asiidiidhaan gahuus akka gubachuuttii ilaalamaa.

AKKAATAA DHUKUBSATAA GARA WALDHANSA OLAANATTII YEROO ERGUU QABDUU ITTII BEEKTU

**'erguu' jechuun dhukubsataa gara bakka tajaajila fayyaa olaanaattii dabarsuu, yoo kan argamuu ta'ee waldhaansa kana keenuudhaaf gara muxannoo olaana qabniitii dabarsuu jechuudha, kunis feedhiin waldhaansa isaani mana yaalaa gadii anaattii wan hin gutamneefi dha.*

Midhaan gubachuu kan baayyee cimaa ta'ee, dhugubsataan gara tajaajila waldhaansaa olaannattii ergamu qaba.

Midhaan gubbachuun dhaangahee akka cimaa ta'ee akkammitii bektaa?

Yaddadhuu

- Namnii tokko madda midhaa gubachuudhaaf yeroo dheraaf yoo saaxilamee, midhaan gahuu bayyee cimaa ta'a, akasuumas
- Bakki/dhanagalaa'aan/ibiddii googaa wajjin waltuqqe baayyee ho'aa yoo ta'ee midhaan gahuus baaayyee haama taa'a.

Cimina midhaa gubachuu sirrii jala muruudhaan himuun baayyee rakkisaa ta'uu illee, murtii kennuu dhaaf akka siif gargaaran wantoota hubachu qabduu muraasnii armaan gadiittii ni jiru:

- **Midhaa gubachuu salphaa:** kunis googaa midhamee irrattii walumaagalatti bakka dimaa fakatuu ni umaa, akasumas yeroo duraattif jidhinaa ni qabaata. Midhaan gubachuu akkanaa yeroo heduu baayyee kan dhukkuba qabuu dha. Midhaan gubachuu akkaanaa kun kutaa qaamaa murasa qofa kan midhee yoo ta’ee, fkn. Ciqilee irrati yoo ta’ee mana yaalaattii ykn manattii waldhaanamuun ni danada’ama. Midhaan gubachuu kun kutaa qaamaa baayyee irratti yoo kan gahee ta’ee, fkn. Gutuu haarkaa ykn, kutaa haarkaa, mila ykn fuula baayyee irratti yoo kan gahee ta’ee dhukubsataan gara tajaajila waldhaansaa olaanaattii ergamuu qaba.
- **Midhaawwan gubachuu cimaa ta’an** googaa ta’anni muldhatuu, akasumas dhitaa’uu fi babalachuu ni muldhisuu. Midhaawwan gubachuu kunnin, bayyee cimaa ta’an ille, mirrii dhukkubaa xiqqaa dha. Dhukkubsattoottin dhukkuba akkanaa qaban baayyeen isaanni gara tajaajila waldhaansaa olaanattii ergamuu qabu. Kutaan qaama isaanii xiqqoon qoftii yoo midhamee, fkn kan baldhini isaa saantima gahu, mana yaalattii waldhanmu ni danada’a.
- **Midhaa gubachuu baayyee cimaa ta’ee** gurraacha ykn adii ta’ee muldhata. Yemmu tuqaman cimaa fi bakka midhaan irra gahee irrattii kan mira dhukkuubbi kan hin qabaanned dha. Midhaan gubachuu akkanaa kun gara hospitaalaattii ergamuu qaba.

Dhukubsataa gara mana waldhaansaa olaanaattii erguuf murtii kennudhaaf sababoota sii gargaaran kan biroo.

Yaadadhuu, midhaawan salphaa taa’an baayyen mana yaalaattii waldhanamuu ni danada’uu, akasumas midhaawan gubachuu kan baayyee cimaa ta’an gara tajaajila waldhaansaaa olaannattii ergamuu qabu.

Dhukkubsataan kee gara tajaajila fayyaa olaannatti ergamu qabaachu isa ykn qabaachuu dhabuuu isaa murttefachuuudhaaf wantoota si gargaaran sababbota muraasa arman gadiitti ni jiru.



- ❖ bakki midhaan gubachuun irra gahee bakka bayee mira qabuu yoo ta’ee, gara waldhaansa olaanaattii erguun barbaachisaa ta’uu isaa yoo gaha ta’ee ille ta’uu baatuu ilee, dhukuubsaticha gara waldhaansa olaanaattif erguun barbaachisaa dha, sababin isaattis bakkeewan kunnin waldhaanisicha baayyee walxaxaa gochuu ni danda’u.

➤ **Bakkeewwan “mirra olaanaa qaban maalfaa dhaa”?** mataa, morma, walqabsiistuuwwan, harka, fuula, garaacha, fi qaamota saalaa.

- ❖ dhukubsataan baayyee daa'ima ykn baayyee dullomaa yoo ta'ee, dhukubichi bayyee salphaa yoo ta'ee malee gara waldhaansa olaanatti erguun barbaachisaa dha.



- ❖ Dhukubsataan yoo maattii kan hin qabaannee ta'ee, kununsa isaaf barbaachisuu hunda akka argatuuf gara waldhaansa olaannattii erguun barbaachisaa dha.

- ❖ Midhaan gubachuu salphaa yoo ta'ee garuu kutaa qaamaa hedduu kan uwisuu yoo ta'ee, gara waldhaansa olaanaatii erguuf xinxalli



- **Kutaa qaamaa baayee jechhun maala jechuudhaa ?:** fkn. Haarka mara, bakkeewan baayye murttessa ta'an kan akka dugda fi/ykn laphee, bakka haarkaa irra caalaa, bakka milaa irra caalaa

- ❖ dhukubsatoottin yoo fuula isani yoo kan midhaman ta'ee, ykn, midhama gara keesattii fudhachuudhan midhamna ta'ee mallattiowwan akkanaa yoo jiraatan ta'e (midhama qilleensa gara keesattii ykn sombaa fudhachuu) kunin gara waldhaansa olaanaattii ergamuu qabu.



- **Mallattowan qaamota haargansuu irrattii gahana maal faa'aa dha?:** qufaasisuu, haaqinsafi qookkee hoqsisuu, hargansuudhaaf rakkachuu, lapphee dhukkubsiisuu fi ijaa wawaraanu.

- ❖ yeroo hunda, midhaan gubachuu yoo keemikaala ykn elektikii yoo ta'ee- midhaan gubahuu waan feedhii yuu ta'ee gara waldhaansa olaannattii ergi.



- ❖ Madaan guyyoota duraa muuraasa keessatti fayyuu kan hin jalqabnee yo ta'ee, ykn kan midhamee ta'ee yoo muldhatee, dhukubsataan gara waldhaansa olaanattii ergamuu qaba.

Dhukkubsataan haala baayyee yaadisisaa keesattii yoo jiraatee fi gargaarsa lubbuu haatattamaa kan barbaaduu yoo ta'ee, gara hopsitaala dhihhoo jiruuttii ergamuu qabaa.

Bakka midhaan gahee irraa yoo jiratee, dursitoo **maddaa midhaa irra kaasii**, fkn. Ibida dhaamsii, bakka ho’anii qabuu irra kaasii. Namnii tokko yoo ibidda irraa jiraa ta’ee, ibidda dhaamsuudhaaf akka “**dhaaban, dhisan fi ballesan**” gochuuf goorsii kennamufi qaba. Kunis ibiddicha baallesuudhaafi

achiin booda **waldhaansii duraa** hattattamaa inni duraa yeroodhaan kennamufi qaba. Waldhaansii duraa ajajamun dhukkubsatan akka



danadamatuu, walxanxinsaa midhaa gahee salphisuudhaaf, fi caraa goddannisa umamuu hirisuudhaaf fi dhukkuba gara fuul duraattii dhuufuu haambisuudhaaf ni tajaajilaa. Yemmu waldhaansii hunduumtuu raawatamaa jiruu, dhukkubsataan akkaa tasgabawuu fi akka dhukubnii itti hin dhagahamnee gochuudhaaf attis **tasgabawuu qabdaa akkasumas akka salphaa ta’ee isaaf mirkannefachuu qabda**. Kunis akka dhukkubsataan haaragalatuufi dha.

Sadrkaawwan Gargaarsa Duraa:









- ibiddaan/ ho’aan kan gubatee, bakka midhamee irrattii bishaan qulquullun tilmaaman **daqiiqaa 20ffa** ittifuffinsaan irratti dhangalaawuu bakka midhamee qorisiisuudhaafi.
- Keemikaalaan kan gubattef, baka gubatee irraa **kemiklaalichaa kaasuf/callabbesuudhaaf** bakka gubatee Sanaa bishaannin dhiqqun gaariidha. Bishaannichii akka qaama irraa dhagalaa’aa jiruu mirkannefadha, kunis akkaa naaftii isaa dabalataan hin midhamneefi dha: fkn. Keemikaalichii kan jiruu mataa irrattii yoo ta’ee, bishaan akka gara ijaattii hin seennee godhii, yoo seenee garuu midhaa baayyee gesisuu danada’a.

Dhukkubsaticha gara waldhaansa olaanaattii kan hin erginee yoo ta’ee, fi midhaan fayyaa kan mana yaalaattii kan waldhanamuu ta’ee, dhukkubsatichaaf waldhaansa gaarii ta’ee kennudhaaf tarkanfiwwan armaan gadii si gargaaruu:

- Madaa isaa saamunaa lalaafaadhaanfi bishaan qulquuludhaa qulquulesii.

- **Yeroo lama** irra debi'iittoo sasmsii. Marsaan duraa kan hin maxxanne ta'uu qab, kan akka **samsaa jirbii Vaselinee**, kunis madaa keessattii akka idhinsi jiratuu ni gargaaraa. Marsaan lammafaan samsaan akka gogaa irrattii akka hon maxxannee ni gargaaraa. Marsaan lammaffan **uffataa bishaan xuxuu irraa kan hojatamee furdiinna kan qabu ta'uu** qaba kunis dhangalaa'aa madaa iraa madduu hunda akka xuxuf akka gargaaruufuidh.
- Tilmaamaan guyyaa **3-4 keessattii samsii haaraawaa ni barbachisaa**, ykn saansii amma yemmu jidhuu jijiramuu qaba. Garuu, madaan midhamee samsaan guyyaa guyyaadhaan jijirammun isa barbaachisaa. **Mallattoowan dhukkubaa kan arman gadii dha:** madaan kan baayyee dhukkubu yoo ta'e, xurawuu yoo jalqabee, ykn malaan dhangalawuu yoo jalqabee. Maddan yoo midhamee dhukkubsataan gara waldhaasnaa olaanatti ergamuu qaba, akka hospitaalicha irraa antibayyoottikii akka argatuufi dha.

ODDEFANNO DABALATA GARGAARSA DURAA MIDHAA GUBACHUUDHA GAHEE FI ODEEFFANNOO WAA'EE KUNUNSA SAAMSUU

-  haawasoota muuraasa keessattl, wantoottin kan akka kobota saa'aa, saamunaa ilkaanni, biyyee, kkf. Bakka gubatee **irratii** faydammudhaaf ni olu. Kana gochuu dhabbun baayyee barbaachisaa dha, kunis bakka maddaayye irrattii waan midhaa cimaa fiduudhaafi, waldhaansa isaattii akka walxaxaa ta'uu ni godha.
-  dhukuubsatticha tuquu keettin dura haarkaa kee sirriittii fi irra deeddebi'uudhaan dhiqachuu kee mirkanneesii. Kunis kaa germiiwwan akka hin babaladhanne ni godha, akasumas midhaa gahuu carraa isaa hirisuudhaaf ni gargaararaa..
-  qorichoota kan dhukkubaa hirrisan kan akkaa parasetamol jiran akkaa dhukkubsataan qaama isaa irrattii akka miirri isaa hin midhanne ajajjifi. Tasgabaawun isaani fi qaamni isaani yemmu haalii gaariin itti dhagahamuu midhaa xinsaammu isaan irrattii gahuu akka to'atan isaan ni gargaaraa.
-  bakka midhaan irra gahee waldhanudhaaf bishaan qulquullu (yoo kan argamuu ta'ee bishaan yaa'uu) daqiiqaa **20ff bakka** midhamme irra godhii kunis akka qorruu isa ni gargaaraa. Kan erga gootee booda, bakka midhaan gahee irraa faayaa ofeggannodhaan irraa kaasii akasumas bakka maadayee uffataa samsaattin yeroo lama saamsii.
-  Kutaa saamsaa fi meeshaalee isteeraalayzii godhii
-  Bakki gubatee yoo harka ykn milla irra ta'e, quba harakaa/milaa adda addaa baasudhaan saamasuu kee adda baasi



yemmu daa'iman waldhaantuu, meshaalee taphaa (kan bocha wantoota addaa adda qaban) ykn akka dhukkuba isaanni dagatan taphachisuu gochuun baayyee barbaachisaa dha. Dabalataanis, kutaa waldhaansa keesattii maattin isaani argammun isaani baayyee nigargaara.



midhaan gahee torbaan lama booda kan foyaa'insa barbaachisa ta'ee kan hin muldhisnee yoo ta'ee, dhukubsataan gara tajaajila waldhaansaa olaanaattii ergamuu qaba.



Dhukkubsataan tokko midhaa yeroo jalqabaaf waldhaansa kan argatuu yoo ta'ee **torbaanoota dhuufan keessatti waldhaansa baayyee garrii ta'e akkamitti isaaf kennu dandessaa?**

Make sure to **include both the patient and their family** when planning and delivering treatment so they can understand and actively support each other, and ensure good treatment outcomes.

In the first few weeks when treating a patient at a health post, it is important to monitor the patients for **signs of infection**. If you suspect the injury has become infected, you must refer the patient as soon as possible.

Dhukuba akkamitii adda baasuun danada'ama:

Tempiracherii/ ho'inni qamaa ol ka'u

Dhihhinsii onnee ol ka'uu, yeroo boqonnaa irrattii illee

Bakk midhaan irra gahee irraa malaan dhangala'uu



Nyaata gaarii mirkannefachuu

Gama dhangaa nyaataa irraa ilaalluu, midhaan erga gahee booda, namnii midhaan irra gahee nyaata maddaalamaa fi gutuu ta'ee nyaachuun isaa baayyee barbaachisaa dha, kunis hirinni nyaata akka addemsa daffee fayyuu wand gara dubbatti harikisuudhaafi.

Dabalataannis, midhaan gubachuudhaan gahee, dhuukubsataan akka qaamnii isaa bishaan dhbuudhaan akka goguu ni godha, kanaafuu dhukkubsataan akka dhugaattii dhuguu jajabeesun barbaachisa dhaa, keessattu yoo kan argamuu ta'ee wantoota jidhinsa keenna akka afanin fudhatuu gochuun baayyee barbaachisaa dha.

Dhukuubsattottin tokko tokko akka isaannitti dhangalaawuu barbaadu, kanas yoo tajaajilicha rgatan ta'ee yaalaa.

Goodaannisa

dhukkubsataan yemmu midhaan gubbachuu cimaan isa irra gahee fi fayyudhaaf kan torbaan sadii ol fudhatuu ta'ee, carraam goodaanis ummu gudda dha. Midhaawwan gubachuu cimaa t'annif, gooddannisnii umammu kan yeroo mara turuu fi kan muldhatuu ta'uu ni danada'a. maattin, hiriyyoonni, fi haawaasnii dhukkubsataan erga midhaan gubahuun irra gahee booda karaa of muldhisuu akka irrefatuu fi akka karaa adda ta'een of eguu isa gargaaruun isani barbaachisaa dha. Caldhisuu fi irra fagaachuu ni danda'uu, keessattu bakki midhaan gubachuun isaan irra gahee kan muldhatuuu yoo ta'e ykn midhaan gubachuun kan midhama qaamaa haanga tokko kan isa irra gahee ta'e. ilaalchii kunuunsaan ta'ee fi kan pozativii ta'ee maatii fi hiriyoota irra dhuufuu xinsammuu nama midhaan gubachuun irra gahee irrattii gahuu ilaalchisee garaagarrummaa guddaa ni fidaa.

